Talaallii COVID-19 daa'immanii fi ijoollee xixiqqoodhaf

Maatiiwwanii fi guddistootaf gaaffilee fi deebiiwwan

Waxabajjii 21, 2022

Public Health
Seattle & King County

Talaalliin COVID-19 daa'ima keessan mana yaalaa ciisuu ykn mallattoolee yeroo dheeradhaaf turan irraa eeguf karaa hunda caalaa baay'ee gaarii ta'eedha.

COVID-19'n yeroo baay'ee daa'immanii fi ijoollee xixiqqoo irratti hin hammaatu, garuu yeroo tokko tokko COVID-19'n dhibeewwan hammaatoo ta'an fiduu danda'a.

Daa'imman umuriin isaanii ji'a 6 hamma waggaa 4 ta'e daa'imman hunda caalaa hamma kutaa balaa hatattamaa daawwachuu fi mana yaalaa ciisuu ol'aanaa qabu.

Akka teessoo konkolaatatti: talaallin ijoollee xixiqqoo haala daraan hammaataa ta'uu danda'u irraa eega, carraan ta'uu isaa gadi aanaa ta'us.

Public Health
Seattle & King County

Talaalliin daa'imman daa'imman akka ta'an gargaara.

Yeroo daa'imman **talaalliiwwan irratti waqtaawaa ta'an**, gochoota isaan bashanansiisan kan akka barumsaa duraa hordofuu fi hir'iyootaa fi maatii wajjiin mana keessatti yeroo dabarsuu jiran caalatti haala nageenyummaa qabuun gochuu danda'u.

Public Health
Seattle & King County

Talaalliin COVID daa'imman namoota biroo cinaa ta'uuf caalatti nageenya kan qabu taasisa.



Yeroo daa'imni keessan talaallii fudhate/fudhatte, **miseensota maatii fi hir'iyootas ni eega**, keessumattuu kan balaa ol'aanaa irra ta'uu malan.

Public Health
Seattle & King County

Talaallin daa'imaa kan balaa hin qabnee fi bu'aa qabeessaa?

Eeyyee. Food and Drug Administration (FDA, Bulchiinsa Nyaataa fi Qorichaa) akka ibsetti talaallichi qorannoowwan kilinikaa keessatti yaaddoowwan nageenyummaa hammaataa ta'an hooma hin qabu.

Daa'imni talaallii fudhate/fudhatte ammas COVID'dhan qabamuu danda'a/dandeessi, garuu dhukkubbiin caalatti salphaa ta'a. Talaallin **wantoota irraa sirriitti eega**: Mana yaalaa ciisuu, rakkoowwan fayyaa hammaatoo ta'anii fi du'a irraa nu eega.

Public Health
Seattle & King County

Daa'immanii fi ijoollee xixiqqoon talaallii COVID-19 gosa kam fudhachuu danda'u?

Daa'imman umuriin isaanii ji'a 6 fi isaa ol ta'e talaallii COVID-19 Pfizer ykn Moderna fudhachuu ni danda'u.

Public Health
Seattle & King County

Daa'ima reefu dhalate ykn daa'ima xiqqaa kiyya dooziiwwan talaallii meeqatu barbaachisa?

Talaallin bu'a-qabeessa akka ta'uuf daa'imman walfaannee dooziiwwanii guutuu xumuruu qabu:

Pfizer: Daa'imman umuriin isaanii ji'a 6 - waggaa 4 ta'eef dooziiwwan 3

Moderna: Daa'imman umuriin isaanii ji'a 6 - waggaa 5 ta'eef dooziiwwan 2

Public Health
Seattle & King County

Talaalliiwwan daa'immanii fi ijoollee xixiqqoo keessatti qabiyyeeewwan maal faatu argamu?

Qabiyyee Si'ataa: mRNA (moolokiyuulii seeliiwwan keessan vaayirasii koroonaaa dafuudhan akka ittisaniif akkamitti isa adda baasudhaan beekuu akka danda'an kan barsiisudha.)

Qabiyyeewa biroo Pfizer keessa jiran: alkoolii amiinoo, lipids (coomaawwan), soodiyeem kilooraayidii (ashaboo), fi sukroosii (shukaara).

Qabiyyeewa biroo Moderna keessa jiran: lipids (coomaawwan), soodiyeem asiteet fi soodiyeem asiteet tiraayhaydireet (ashaboowwan), qabaneessitoota asiidii fi sukroosii (shukaara).

Public Health
Seattle & King County

Talaallin daa'immanii bilisaan argamaa?

Eeyyee. Talaallin COVID-19 **yeroo hunda bilisa.**

Talaalliiwwan COVID-19, inshuraansin ykn haalli godaansaa kan fedhe ta'us, nama yuunayitid Isteetis keessa jiraatu hundaafuu **kaffaltii malee** argamu.

Public Health
Seattle & King County

Daa'immanii fi ijoollee xixiqqoodhaf miidhaawwan talaallichaan wal-qabatee dhufan maal faadha?

Miidhaawwan talaallin wal-qabatee dhufan yeroo baay'ee guyyaa tokko ykn lama turu. Miidhaawwan talaallin wal-qabatee dhufan baramoon kanneen armaan gadii of keessatti hammata:

- Lilmoo talaallii yeroo fudhatan dhukkubbii
- Aaruu fi boo’uu
- Miira hir'ibaa fi dadhabbii
- Fedhii nyaataa dhabuu

Kan baramoo hin taane: hooqisa/balaqqama, ho'iinsa qaamaa, miira qorraa, dhiita'uu xaannachoota.

Kunnen mallatoolee baramoo qaamni isaanii eegumsa ijaaraa akka jiru agarsiisaniidha.

Public Health
Seattle & King County

Dhiita'uu fi diimachuu maashaalee onnee fi talaallii daa'immanii gidduu qunnamtiin jiraa?

- Dhiiroota ga'eessota ta'an irratti talaalliiwwan mRNA haala fayyaa darbee darbee mul'atu kan Dhiita'uu fi diimachuu maashaalee onnee, kulkula onnee jedhamuu wajjiin wal-qabata.
- Haalli fayyaa kuni daa'imman umuriin isaanii 11 gadi ta'e irrattii talaallii COVID fudhachuu wajjiin wal hin qabatu.

Public Health
Seattle & King County

Itti fufe: Dhiita'uu fi diimachuun maashaalee onnee fi talaallii daa'immanii gidduu qunnamtiin jiraa?

- Qorannoo daa'imman umuriin isaanii waggaa 5 gadi ta'eef Moderna ykn Pfizer dhaf wantoonni gabaafaman hoomtuu hin jiran.
- Qorannoon biyooleessaa guddaan daa'imman 5-11 ta'an irratti taasifame akka agarsiisutti talaallii fudhachuu caalaa COVID-19 dhan qabamuu irran kan ka'e carraa dhiita'uu fi diimachuu maashaalee onnee ol'aanaa qabu.

Public Health
Seattle & King County

Daa'immanii fi ijoollee xixiqqoon eessatti talaallii fudhachuu danda'u?

Beellamoonni waajjirota ogeessota fayyaa daa'immanii, kiliinikootaa fi iddoowwan talaalliin itti kennamutti ni argamu. Dukkanoonni qorichaa muraasni daa'imman xixiqqaa ta'aniif talaallii kennuu ni danda'u.

Iddoo cinaa keessan jiru argachuudhaf:

- **kingcounty.gov/vaccine** ykn **vaccinelocator.doh.wa.gov**
- **COVID Call Center (Wiirtuu Bilbilaa COVID) King County**, 206-477-3977. Afaan akka isiniif hiikamu barbaaddan jedhaa.

Public Health
Seattle & King County

Daawwannaa talaallamuu daa'ima kiyyaatif qophaa'udhaaf maal gochuun qaba?

- Daa'ima keessanitti **huccuuwwan gaggabaaboo ykn bal'aa** kan ol sassaabudhaaf salphaa ta'an itti uwwisaa.
- Daa'ima keessanitti waan dhugaa itti himaa: Lilmoon yeroo gabaabadhaaf miirri dhukkubbii ykn qimmiduu akka itti dhagahamu taasisa.
- Yeroo eegumsaatif kan oolu **kitaaba ykn ashaanguliitii xiqqaa fidaa koottaa.**

Public Health
Seattle & King County

Iddoo talaallin itti kennamu gahuun natti ulfaata. Gargaarsa maaltu achi jira?

Gahiinsa: gara **publichealthaccommodations@kingcounty.gov** imeelii ergaa ykn 206-477-3977 irratti bilbilaa.

Gargaarsa afaanii: wiirtuu bilbilaa COVID-19 King County irratti bilbilaa. 206-477-3977, ganama 8 -sa'aa booda 7. Maaloo yeroo wal-qunnamtan afaan filattan dubbadhaa.

Geejiba: sarara Qabeenyota Geejibaa irratti bilbilaa: 425-943-6760, ganama 8:30 – sa'aa booda 4:00. Ykn visit www.FindARide.org.

Public Health
Seattle & King County

kingcounty.gov/vaccine/oromo

Public Health
Seattle & King County